



**Tooftaa Hiikkoo Kitaaba
Qulqulluu**

Bible Hermeneutics

KUTAA 2ffaa

- Tooftaan Hiikkoo Kitaaba Qulqulluu maal?
- Dursinee tooftaa hiikkoo Kitaaba Qulqulluu jechuun maal jechuu akka ta'e hunda keenyaaf ifa ta'uu male.
- Tooftaan Hiikkoo Kitaaba Qulqulluu;
- 1) Saayinsii Kitaaba Qulqulluuti (It is Biblical science)
- Kitaaba Qulqulluu keessatti Sirna barreeffamaa, akkaataa dhiyeessii og-barruu, jecha darbe, Wanta amma jiruu fi fuulduratti dhufuuf jiru fi kkf kan adda baafannee hubannuu fi hubachiifnu jechuudha.

- 2) Beekkumsa (It is Knowledge of Biblogy)
- Kitaaba qulqulluu dubbisuudha, qo'achuudha, guutummaa ergaa kitaaba qulqulluu adda baasuudhaan beekuudha jechuudha.
- Jecha tokkicha namoota sadarkaa adda addaa irra jiraniif akkasumas namoota hubannaa adda addaa qabaniif akkaataa ittiin ibsan hubachuu jechuudha.

- Tooftaa Hiikkoo Kitaaba Qulqulluu barachuun maaliif barbaachise?
- Namoonni baay'een Kitaaba Qulqulluu dubbisanii akka Hafuurri Nama geggeessetti barachuu fi barsiisuun gahaa ta'ee utuu jiruu tooftaa hiikkoo Kitaaba Qulqulluu qo'achuun maaliif barbaachise jedhu.
- Warri gara biraan immoo Tajaajiltoonni fi barsiisonni Kitaaba Qulqulluu qofti tooftaa Hiikkoo Kitaaba Qulqulluu kana yoo baratan gahaadha. Amantoonni maal isaaniif fayyada jedhanii yaadu.
- Maddi Yaada kanaa waa'ee tooftaa Hiikkoo Kitaaba Qulqulluu guutumatti wallaaluudha.

- Barbaachisummaa isaa yemmuu ilaallu
- Kitaaba Qulqulluu yeroo hunda dubbisna waan ta'eef
- Kitaabni Qulqulluun buddeena jireenyaati, yeroo hunda kan dubbisu amantoota hundaadha.
- Erga dubbisanii hiikka itti kennuun dirqama waan ta'eef namni Kitaaba Qulqulluu dubbisuu danda'u kamiyyuu Tooftaa Hiikkoo kana akka baratu ni qorfama.

- Kitaabni Qulqulluun Department ittiin barannee buddeena argannu utuu hin taane buddeena jireenyaa isa ta'e Kiristoos Yesuus kan nutti argisiisuudha.
- Kanaafuu barattoota Theology qofa utuu hin taane namni hundinuu tooftaa hiikkoo Kitaaba Qulqulluu beekuu qaba.
- Barreeffamni Kitaaba Qulqulluu qajeelchaa fi geggeessummaa Hafuura Qulqulluutiin akkuma ta'e tooftaa Hiikkoo Kitaaba Qulqulluu irrattis geggeessa Hafuura Qulqulluu baay'ee barbaachisa.

- **Gargaarsa Hafuura Qulqulluutiin Kitaaba**
Qulqulluu yeroo qo'annuu fi hiiknu wantoota
sadan kana akka bu'uuraatti hubachuu qabna.
- **Searching** (barbaacha): Addunyaa barreessaa
sanaa keessa seenuudhaan waan inni
dubbachuu yaade barbaaduudha.
- **Context** (Haala barreeffamaa argachuu): Yaada
ergichaa ykn ergaa kallattii argachuu
jechuudha. Kana hubachuudhaaf jalqaba irraa
jalqabanii ilaaluun barbaachisaadha.
- **Apply** (Walitti hidhiinsa): Hiikka nuuti
dhageeffattoota keenyaaf kenninu jechuudha.

- **Kana yemmuu goonu qabxiwwan sadan kana dagachuu hin qabnu.**
- **Observation** (Qalbeeffannaadhaan hubachuu) Kutaa dubbisaa jiru sana ilaalchisee waan darbe moo waan amma ta'aa jiru (Past tense, Presentence, Futuretense)
- **Interpretation** (Akkaataa maluun hiikuu/Hiikkaa hubachuu)
- **Application** (Jireenyaan walitti hidhuu/firoomsuu)

- **Dhaabbanni amantaa kiristaanaa kan Kitaaba Qulqulluu irratti bu'uureffamu kamiyyuu ergaa ifa hin taane irratti barsiisa kalaquu irraa yoo ofi eeggatan baay'ee gaariidha. Fakkeenyaaf**
- **1Qor 15:29** irratti barsiisa amantaa bocuudhaan warri kaan nama du'e galma waaqeffannaa geessuudhaan bakka bu'aa dhaabaniifii kan cuuphan yemmuu ta'u, warri kaan immoo reeffa cuuphu jechuudha. Kun lamaanuu dogoggora tooftaa hiikkoo wallaalu irraa dhufuudha.

- **Filp 2:12 irratti hundaa’uudhaan gooftaan Yesuus hojii fayyisuu jalqabee waan deemeeff isin immoo itti fuftanii xumurtu jechuudhaan amantoota dogoggora addaatiif kan saaxilan jiru.**
- **Kutaa sana immoo hiikka sirriitiin yemmuu ilaallu Yesuus hojii fayyisuu ni jalqabe malee hin xumurre jechuu miti.**
- **Barsiisa dhaabbataa eertuuwwan ifa hin taane irratti bocuun dogoggora keessa hin deebineef nama saaxila.**

- **Walumaa galatti hiikkoo sirriitiin Kitaaba Qulqulluu hubachuudhaaf qajeelfamootni nuuti hordofuu qabnu;**
- **Qajeelfama 1^{ffaa} Sirriitti dubbisuudhaan kutaa sana hubachuu**
- **Qajeelfama 2^{ffaa} Kaayyoo Kitaaba Qulqulluun barreeffameef wajjiin walitti akka hin buune hubachuu**
- **Qajeelfama 3^{ffaa} Hiikkoo Kitaabileewwan biro Kitaaba Qulqulluu keessa jiran wajjiin kan walitti hin buune ta'uu mirkaneeffachuu.**

- **Qajeelfama 4^{ffaa} Kuta (Ergaa) ifa hin taane irratti Barsiisa/Doctrine Dhaabbataa Bocuu irraa ofi qusachuu.**
- **Qajeelfama 5^{ffaa} Sirna og-barruu Kuta sanaa hubachuu.**
- **Qajeelfama 6^{ffaa} Yaada barreessaa kuta sana irra jiru hubachuu**
- **Qajeelfama 7^{ffaa} : Afaan ittiin jalqaba barreeffamee fi amma fayyadamaa jirru gidduu garaagarummaa jiru hubachuu**

- **Kitaaba Qulqulluu akkaataa sirriitiin yeroo hiiknu yaada Waaqayyoo isa karaa Kitaaba Qulqulluu dubatamu toora sirrii ta'een dhiyeessuu dandeenya.**
- **Eeyyeen akkasuma!**

Eebbifamaa!

Nageessoo Shibbiruu (Barataa PhD)